# Yeroo talaalliitti daa'ima keessan akkamitti akka qabdan

Qabaan namatti tolu wayita daa'imni keessan talaallii fudhatu dhiphina hir'isuu fi sochii ittisuuf gargaaruu ni danda'a. Qabaan namatti tolu, waan itti jiran irraanfachiisuu, oduudhaan qabuu, weeddisuufii ykn hafuura dheeraa fudhachuu waliin ta'ee talaallii salphaa taasisuu ni danda'a.

**Armaan gadi kan jiran gorsawwan muraasa akkaataa daa'ima keessan itti qabdaniiti. Dhiyeessaan kunuunsa fayyaa keessanii qabaa akkaataa biraa yeroo talaallii kennanii isiniif dhiyeessuu mala.**

## Kunuunsaa fi qabiinsa daa'imaa

- Daa'ima keessan sarbaa gama teessanii irratti qabadhaa.
- Irree daa'imichaa gara keessaa jiru laphee keessan irratti yokiin bobaa keessan jalatti dachaasuun akka gaariitti hammadhaa.
- Of-eeggannoon harkaa fi miila daa'imaa gara alaa jiru qabadhaa.
- Suuta jedhaa jilba daa'ima keessanii isa gara alaa jiru walitti dachaasa'a. Kun maashaaleen cinqaman akka of gadhiisan/lash jedhan gochuuf gargaara.



## Ijoollee kurkuran yokiin reefuu miila fudhatan kunuunsanii cinaachatti qabachuu


- Daa'ima keessan sarbaa gama teessanii irratti qabadhaa.
- Irree daa'imichaa gara keessaa jiru laphee keessan irratti yokiin bobaa keessanii fi dugda keessaniitii dachaasuun akka gaariitti dugda keessanii fi teessuma gidduutti hammadhaa.
- Dugda daa'ima keessanii harka keessaniin golguun mudhii fi harka daa'imaa gara alaa jiru qaama keessanitti butuun qabadhaa.
- Harka keessan isa hafeen immoo harka daa'imaa garaa isaarratti qabaa.
- Miila daa'ima keessanii gudeeda keessan gidduutti qabadhaa.





## Kunuunsa qabiinsa Qomaa fi qomatti (ofitti qabuu yokiin hammachuu)

- Daa'ima sarbaa keessan irra kaayuun fuula isaa ofitti naannessaa, sana booda miila daa'imaa gara mudhii keessaniitti dachaasaa.
- Harka keessan lamaaniin ammoo dugda daa'imaa gara gadii ofitti qabaa.
- Harka daa'ima keessanii gara mudhii keessaniitti qabachuun harka keessan jalatti gaarii godhaa qabadhaa.
- Daa'imni mataa isaa saggoo keessan irra kaayuun adeemsa irraa mataa isaanii naanneffachuu ni danda'u.
- Harki daa'imaa dugda keessan hunda yoo qaqqabuu danda'e, suuta jechuun harka isaanii dudduuba teessumaa qabsiisaa.



## Qabaa Mijataa Dugda Qomatti (Fuul-duratti) Qabuu

- Akka teessanii jirtanitti daa'ima keessan ofirraa achi garagalchaatii sarbaa keessanirra teessisaa.
- Adeemsa kana keessatti harka keessan daa'ima sana fuulduratti wal qaxxaamursaatii harka keessan bitaatiin harka isaa mirgaa, harka keessan mirgaatiin ammoo harka isaa bitaa qabuudhaan daa'ima keessan ofitti qabaa.
- Miillota daa'ima keessanii gudeeda keessan gidduutti qabaatii miilla keessan kan daa'ima keessanii irra qaxxaamursaa.
- Mataan daa'ima keessanii yoo inni socho'e akka fuula keessan hin rukunnetti eeggadhaa.



## Qabaa Mijataa Qomaa Qomatti Qabuu (Bargaanfannaan taa'uu ykn Hammannaa)

- Daa'ima keessan ofitti garagalchaatii sarbaa keessan irra teessisaa, miillawwan daa'ima keessanii ammoo mudhii keessanitti maraa.
- Harka keessan lamaaniin ammoo dugda daa'imaa gara gadii ofitti qabaa.
- Harka daa'ima keessanii mudhii keessanitti maraatii harka keessan jalatti cimsaa isaan qabaa.
- Daa'imni keessan mataa isaa gateettii keessan irra kaa'achuu fi mataa isaa talaallii sanarraa achi qabachuu ni danda'a.
- Yoo harkoonni daa'ima keessanii sirriitti isin duuba ni ga'u ta'e, harka isaanii duqda keessaniin gara duuba barcumaatti laaffisaatii dhiibaa.



## Qabaa ijataa Cinaachattii

- Daa'ima keessan cinaacha isaa gara gara laphee keessanitti qabuudhaan sarbaa keessan irra teessisaa.
- Harka daa'ima keessanii ofitti dhiyeessuudhaan dugda keessan qabachiisaatii salphisaa dugda barcumichaatti dhiibaa.
- Harka keessan dugda daa'imichaatti maraatii hirree isaa isa ol aanu ofitti qabaa.
- Harka keessan isa biraa fayyadamuudhaan harka isaa isa gadi aanuu fi luka isaa qabaa.



## Qabaa Mijataa Of Cinattii

- Daa'ima keessanitti aanaa taa'aatii harka keessan gateettii isaarra kaa'aa.
- Dhiyeessaatii ofitti qabaa.
- Harka daa'ima keessanii dugda keessanitti maraatii salphisaa dugda barcumaatti dhiibaa.
- Harka isaa isa gadi aanu qaama keessan irra qaxxaamursaa.



MINNESOTA | STAY SAFE MN | HOMELAND HEALTH SPECIALISTS | mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo) 6/17/2022